

# Yooman qoratamuu qaba? Mallattoolee

## BARREEFFAMA

[muuziqaa bohaarsaa]

[Seenessa]

COVID-19'f yoom qoratamuu qabdu?

Mallattoolee COVID-19, kanneen akka dhangala'aan funyaan keessaa isin cophuu, isin ukkaamsuu, kokkeen isin madaa'uu, qaama gubaa, qufaa, hafuura kutaa, dhukkubbii maashaa, mataa bowwoo, qorrisiisaa ykn dhamdhamuu ykn foolii fuudhuu dadhabuu yoo qabaattan.

Gorsawwan qorannoo yeroo ammaa, namni mallattoolee COVID-19 qabu hundi atattamaan qoratamuu qaba jedhu.

Mallattoolee yoo qabaattan, gorsawwan waa'ee yeroo hammamiif akka mana turtanii namoota biroorraa fagaachuu qabdan hordofuu keessan mirkaneeffadhaa. Odeeffannoo dabalataatiif, marsariitii keenya Yoo Dhukkubsattan ykn Qorannoodhaan Poozatiivii Taatan jedhu kana. (<https://www.health.state.mn.us/diseases/coronavirus/sick.html>)ilaali.

Waa'ee yeroowwan biroo itti qoratamuu qabdaniif fi eessatti akka qoratamuu qabdan caalaatti baruuf, marsariitii COVID-19 Qoratamuu MDH kana. (<https://www.health.state.mn.us/diseases/coronavirus/testsites/index.html>)ilaalaa.

[muuziqaa bohaarsaa]

Minnesota Department of Health  
Communications Office  
PO Box 64975  
St. Paul, MN 55164-0975  
651-201-4989  
[health.communications@state.mn.us](mailto:health.communications@state.mn.us)  
[www.health.state.mn.us](http://www.health.state.mn.us)

2/2/22 (Oromo)

*Odeeffannoo kana bifa biraadhaan argachuuf asirratti bilbilaa 651-201-4989*